
# DHUGA BAATOTA LAMAAN




**Barumsa 6ffaa, Caamsaa 11, 2024**



“margichi in coollaga,
daraarichis in harca'a,
dubbiin Waaqayyo
keenyaa garuu bara
baraan dhaabatee in
hafa' jedhi!" jedhe.”
— Isa. 40:8



Erga haaressitoonni warri angafootni du'anii booda, haar'umsi gara fuulduraatti adeemuu dadhabe. Waldoonni haara'an gara diilallaa'uutti, goguu fi obsa kan hin qabne ta'uutti dhufan.
Jijjiirama guddaatu addunyaa siyaasaa fi falaasamaa keessatti bakka fudhachuu jalqabe. Tasgabbiin baduun, namoota akka kara-deemtotaa, mana isaanii dhiisanii "lafa bilisummaan" jiru, Ameerikaa Kaabaatti gargaarsa barbaacha akka deeman isaan taasise.
Awurooppaatti, fincilli bifa warraaqsaatiin dhohe. Biyyi Faransaay, Awurooppaa ammayyaa keessatti, biyya jiraachuu Waaqaa gantu ishee jalqabaa taate.



Hamma yeroo sanaatti, Waaqayyo "dhuga baatota Isaa lamaan" eegee turse. Yeroo ulfaataa sana keessa maaltu isaan irra ga'e?



**Dhuga-baatonni lamaan eenyu?**

**Yeroo hammamiitiif dhugaa ba'u?**

**Akkamitti du'e?**

**Yoom du'aa kaa'anii gara samiitti ol baa'an?**

**Itti aanseehoo maaltu ta'e?**

# DHUGA BAATONNI LAMAAN EENYU?

"Dhuga-baatonni lamaan immoo, muka ejersaa lamaanii fi baattuu ibsaa lamaan Waaqayyo gooftaa biyya lafaa dura dhaabatanii dha." — Mul. 11:4

Mukoonni ejersaa lamaanii fi baattuun ibsaa lamaan (Mul. 11:4) gara mul'ata Zakkaariyaas 4tti nu geessa. Achi keessatti, mukoonni ejersaa zayitii baattuu ibsaa damee torba qabuuf soorata ta'u oomisha. (Zak. 4:1-3, 12).

Mukoonni ejersaa, "warra dibaman lamaan" baattuu ibsaa wajjin, "Sagalee Gooftaa" bakka bu'u. (Zak. 4:6, 14). Innis Kakuu Haaraa fi Kakuu Moofaa dha.






# DHUGA BAATONNI LAMAAN EENYU?





Fakkaattii Musee fi Eliyaasiin fayyadamuudhaan, Mul. 11 waa'ee dhuga baatota kana lamaanii akkas jedha:


| Uffata gaddaa uffatu (3) | Waaqayyoon dura dhaabbatu (4) | Yoo namni isaan miidhuu yaade, ibiddatu isaan keessaa baa'a (5) | Bokkaan akka hin roobneef samii cufu (6a) | Bishaan dhiigatti geedderanii dha'ichi akka dhufu taasisu (6b) |
|---|---|---|---|---|
| Macaafni Qulqulluun yeroo rakkisaa keessa darbe | Sagaleen Isaa akka baduuf Waaqayyo hin heyyamne | Ergaan Macaafa Qulqulluu diinota isaa "dhabamsiisa" (Jer. 5:14) | Namni MQ tuffatu ongee bokkaa Hafuura Qulqulluutiin (dhadhaatiin) rukutama | Warra MQ qayyabatan qofatu dha'ichootaa fi dukkanaa'umm aa hafuuraa bara giddu galeessaa sana jalaa oole. |

Akkuma yeroo Musee fi Eliyaasitti ta'e, MQ irra ari'annaa guddaatu gaa'a; mootummoota Waaqa gananii wajjin wal-lola; jaalala gubaa qabsiisa... Ijarratti raawwachuu raajii kanaa seenaan ni mirkaneessa.

# YEROO HAMMAMIITIIF DHUGAA BAA'AN?

*"Dhuga-baatonni koo lamaan uffata gaddaa uffatanii, guyyoota kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi jaatamman sana raajii akka dubbataniif ani karaa nan kennaaf" jedhe." — Mul. 11:3*

**Mul'atni 11 mul'ata Mana Qulqullummaa Samiitii fi warra bakka aarsaa ixaanaa duratti waaqeffataniin jalqaba. (Mul. 11:1).**



**Oobdiin samii biyya lafaa kana dha, innis bakka "Hormoonni" – warri hin amanne – "magaalaa qulqullooftuu" – jechuun saba Waaqaa ji'oota 42f itti dhidhiitani dha. (lak. 2).**

**Yeroo sanatti, Sagaleen Waaqayyoo "uffata gaddaa" uffata – jechuun wal'aansoo guddaa keessa seena – (lak. 3) [ji'oota 42 x guyyoota 30 = guyyoota 1,260 (raajiidhaan, waggoota 1,260)].**



**Bara 538 kaasee, waldaan Roomaa suuta suuta aadaa ishee Sagalee Waaqaa olitti ol qabuu jalqabde, hamma MQ dubbisuu ittisuutti geesse, nama MQ baatu, dubbisu ykn akka inni jedhutti (barsiisutti) jiraatu hamma ajjeechaadhaan adabdutti geesse.**

**Gara xumura yeroo kanaatti, haaressitoonni boqonnaa gabaabaa ari'annaa kanaaf kennan (Mat. 24:22).**

# AKKAMITTI DU'AN?

"Yommuu isaan dhugaa ba'uu isaanii raawwatan, bineensichi iddoo lafa jalaa sana keessaa ba'ee, lola isaanitti kaasuuf, isaan mo'uuf, isaan ajjeesuufis jira."— Mul. 11:7



Iddoon lafa jalaa Mul. 11:7 irratti tuqame, bakka hafuuronni hamaan jiraatan ibsa (Mul. 9:11; 20:1-3; Luq. 8:30-31). Bineensi, aangoo siyaasaa ykn amantii ibsa (akkuma bineensota warra kaanii warra Mul'ataa fi Daani'el keessaa jechuu dha).

Dhuma waggoo 1260tti, naannoo bara 1798tti humna maaliitu ka'e?

Warraaqsi Faransaay, bara 1789tti kan jalqabe, "mootummaa shororkeessaa" kan jedhamu akka ka'u taasise (1793-1794), kun immoo dudda duuba mootummaa kanaa kan jiru eenyuun akka ta'e ifaa godha: innis Seexanaa fi ergamoota isaati. Mootummaan kun karaa sadii waamame (Mul. 11:8):



***Sodoom*** **: Warraaqsi kun yeroo kufaatii sona hamilee guddaa keessa jalqabe**





***Gibxi*** **: yooma "waaqattii sababaa" jedhamtu waaqessan illee, mootummaa jiraachuu Waaqaa haalu ture (Bau. 5:2).**



***Bakka Yesuus itti fannifame*** **: Aarfamuun Yesuus in tuffatama**

Yeroo kana keessa, amantiin in balleeffame, Macaafni Qulqulluun in dhorkamee in gubame.

“Humni jiraachuu Waaqaa ganu, biyya Faransaay keessatti yeroo warraaqsaa fi bittaan shororkeessaa mo’e keessa, Waaqaa fi Sagalee Isaa irratti bifa addunyaan takkaa dhugaa baatee hin beekneen waraana bane. Waaqeffannaan waaqa tolfamaa walga’ii biyyoolessaatiin akka badu ta’e. Macaafni Qulqulluun akka kosiitti bakka jiru hundumaatii walitti qabamee saba duratti gubataa ture. Seerri Waaqayyoo in dhidhiitame. Dhaabbileen Macaafa Qulqulluu in balleeffaman. Boqonnaan torbanii hafee, qooda isaa guyyaa kudhan kudhaniin gammachuu fi arrabsoodhaan akka bakka bu’u ta’e. Cuuphaanii fi Irbaanni Qulqulla’aan in dhowwame. Beeksifni bakka sirriitti mul’atutti, lafa awwaalaatti duuti hirriba bara baraa akka ta’etti labsiin isaa maxxanfame.”

EGW (The Great Controversy, p. 273.2)

# YOOM KAA'ANII SAMIITTI OL BAA'AN?


"Guyyaa sadii fi walakkaa booddee immoo hafuurri jireenya kennu Waaqayyo biraa dhufee, raajota du'an sanatti gale. Isaanis ka'anii dhaabatan; warri isaan argan hundinuu guddaa in sodaatan." — Mul. 11:11



Sadaasa 26, 1793, Paaris labsii haqamuu amantii labsite. Labsiin kun Waxabajjii 17, 1797 kufaa taasifame. Turtii waggoota sadii fi walakkaa kana keessatti, dhiibbaa amantii jalaa "bilisa" ba'uu isheetti gammaddee, sagalee Macaafa Qulqulluu callisiifte Faransaay. (Mul. 11:9-10).

Qooda callisiifamuu ykn balleeffamuu, Macaafni Qulqulluun isa duraa caalaa jabaatee ka'e. Misiyoononni/ergamoonni Protestant ergaa wangeelaa hanga andaara lafaatti qabatanii adeeman. (Mul. 11:11).

William Wilberforce yeroo jalqabaatiif bara 1804tti waldaa MQ isa jalqabaa hundeesse akka Macaafni Qulqulluun baayyinaan tamsa'uuf. Macaafni Qulqulluun amma jiru kun kumaatamaan baayyifamee hamma addunyaa irratti gurguramuutiin isa jalqabaa ta'utti ga'e. Yeroo ammaa kana, tamsaasni Macaafa Qulqulluu dhaabsifamuu hin danda'u. Haala namni kamillee balleessuu hin dandeenye irra akka inni taa'u Waaqayyotu godhu (Mul. 11:12).



# ITTI AANSEE MAALTU TA'E?

"Kana booddee manni qulqullummaa Waaqayyoo inni waaqa keessaa banamee, sanduuqi kakuu mana qulqullummaa isaa keessaas in argame; balaqqeessi in balaqqeessa'e, sagaleen biraa, qaqawweenis wal jalaa in qaban, lafti in socho'e, cabbiin guddaanis in bu'e." — Mul. 11:19

Du'aa ka'uu dhuga baatota lamaanii irraa ka'ee, boqonnaa isa xumuraa wal'aansoo isa dhumaatu jalqabe: Innis yeroo isa dhumaati.


Yeroon kun, Dhufaatii Isa lammataatiin goolabama, innis yeroo Yesuus mootummaa hundumaa fudhatee bara baraan mo'u dha. (Mul. 11:15).

Yeroon sun abaarsa sabatti dhufuun durfama, "warri lafa balleessan" baduutiin immoo xumurama. (Mul. 11:18).

Taateen kun hundinuu qabiyyee waaqeffannaa Samii keessatti taa'a (Mul. 11:16-17), innis mul'ata bidiruu kakuu isa Mana Qulqullummaa Samii keessaati (Mul. 11:19).
"Yeroon firdii" ga'uu isaa irraan kan ka'e (Mul. 11:18), safartuun Firdii sanaa addunyaatti mul'ifameera: innis abboommii kudhanan bidiruu kakuu keessatti argamu dha.



“Macaafni Qulqulluun nama dhugaatti Sagalee Waaqayyoo qoratu hundumaa bira jira, dhugaa dhokataa hundumaa akka inni beekuufis isa dandeessisa. Ifni Waaqaa gara sammuu isaa dhufa, dhugaas bifa haaraa, ho’aan isaa barbaadamutti godhee itti chaappessa. Gammachuu takkaa itti dhaga’amee hin beekneen guutama. Gammachuun Waaqaa isa irra buufata. Minyaa ta’uun dhugaa akka takkaa hubatamee hin beeknetti hubatama. Ifni Waaqaa Sagalicha irratti ifee akka waan qubeen hundinuu warqeedhaan caafameetti mul’ata. Waaqayyo Ofii Isaatii onneetti dubbata, Sagaleen Isaas Hafuuraa fi Jireenya akka ta’e agarsiisa.”




EGW (Reflecting Christ, April 14)